

Qajeelfamoota Aakkii TB Ittiin Fuudhan

Qorannoon Aakkii Maaliif Barbaachise?

Doktorri keessan aakkii isin somba keessan keessaa aakkifattan muraasa fuudhuu barbaada. Laabiraatooriin aakkii keessan jarmiiwwan TB qabaachuu isaa ni qorata. Dhibee TB qabaachuu keessan karaan ittiin qoratan inni hunda caalu aakkii keessan qorachuudha. Daawaa TB fudhachaa jirtu yoo taatan, qorichi sun hojjechaa jiraachuu isaa karaan ittiin adda baasan inni hunda caalu aakkii keessan qorachuudha. Qorannochi sirrii ta'uu isaa adda baafachuuf, somba keessan keessaa ol-guurtanii aakkifachuu qabdu. Aakkiin somba keessan keessaa yeroo hedduu furdaa fi kan wal harkisudha. Gororri afaan keessan keessaa kan madduu fi akka bishaanii fi qal'aadha. Gorora hin fuudhinaa.

Gorsa: Yoo aakkii aakkifachuu hin dandeenye, bishan ho'aa qaama ittiin dhiqatan irraa ykn bishaan xuwwee keessaa danfaa jiru irraa hafuura urkaawaa baafachuu yaalaa.

Akkaataa Samuuda Ittiin Fuudhan

Aakkii keessan akka cimmistaniif doktorri ykn narsiin keessan kubbaayyaa pilaastikaa adda ta'e isiniif kenna. Tariibawwan kanniin of eeggannoodhaan hordofaa:

1. Kubbaayyichi baay'ee qulqulluudha. Hanga itti fayyadamuuf qophii taatanitti hin baninaa.
2. Ganama akkuma hirribaa kaataniin (waa nyaachuu ykn dhuguu keessaniin dura), afaan keessan burushiidhaan dhiqadhaatii bishaaniin lulluuqqadhaa. Dhangala'aa ittiin afaan lulluuqqatan (mouthwash) hin fayyadaminaa.
3. Yoo dandeesan, samuuda aakkii san fuudhuu keessaniin dura ala ba'aa ykn foddaa banaa. Kun yeroo isin qufaatan jarmiiwwan TB namoota biroorraa ittisuuf gargaara.
4. Hafuura dheeraa ol fudhadhaatii qilleensa isaa sekoondii shaniif of keessatti qabaa. Suuta jedhaatii qilleensa baafadhaa. Ammas hafuura dheeraa ol fudhadhaatii hanga aakkiin muraasni afaan keessan keessa dhufutti humnaan aakkifadhaa.
5. Aakkii san kubbaayyaa pilaastikaa san keessatti tufaa.
6. Kubbaayyaa pilaastikaa sana keessatti hanga aakkiin sun sarara miilii-liitira 5 ykn isaa olii ga'utti itti tuttufaa. Kun aakkii hanga fal'aana shaayee 1 ga'udha.
7. Akka inni hin dhimmisnetti qadaada kubbaayyaa sanaa cimsaa cufaa.
8. Guyyaa itti aakkii san kuustan kubbaayyaa sana irratti barreessaa.
9. Kubbaayyicha saanduqa ykn boorsaa narsittiin isinitti kennite keessa kaa'aa.
10. Kubbaayyicha kilinika ykn narsii keessanitti kenna. Yoo barbaachisaa ta'e kubbaayyicha qabbaneessaa (firijii) keessa bulchuu ni dandeessu. Kottolleessaa (freezer) keessa ykn diida keessa hin kaa'inaa.